

ODEEFFANNOO MAASKII

Akkamitti yeroo dhukkuba 'COVID-19' fayyaa eegganna



Wiirtuu to'annoo dhukkubaa 'CDC' kan jedhamu bakkoota namootni itti heddumaatanitti akka bakka gabaa fi mana qorichaatti fuula ofii aguuggachuun barbaachisaa akka ta'e gorsa.

'CDC'n namoota koronnaa vaayiresiin akka faalaman offi irratti hin beekne akka namoota birootti hin dabarsineef maaskii godhachuun akka daddarba kana xiqqeessu dabalee gorsa.

Yoo mallattoo dhukubichaa hin qabdu ta'e illee hanga uummata keessa deemtutti haguuggii fuulaa kana godhachuun akka nama birootti hin dabarsine si qarqaara.


"Maaskiin kiyya si'eega maaskiin kee immoo ana eega."

– Commissioner Jan Malcolm, MN Department of Health

FURMAATA KAN BIROO FUULA AGUUGUU

Namootni cufti kan mana yaalaa keessa hin dalagne waan fuula isaanii aguuguu kan akka skaarbii ykn huccuu harkaan hodhame akka maaskiitti yoo itti fayyadaman hiri'ina maaskii mana yaalaa kan akka N95 warra ogeessota fayyaa ta'aniif qusachuuf gargaara.

- Maaskii godhachuun 'COVID-19'n irraa 100% nama hin eegu.
- Maaskii godhachuun yeroo namni haxxiffatuu fi qufa'u jarmiin akka nama birootti hin dabarre ittisa.



SIRRII:

- Funyaan kee fi afaan kee aguuggadhu.
- Maaskii qulqulluu uffadhu.
- Erga maaskii ofi irraa baastee booda harka kee dhiqadhu.
- Maaskii erga miiccitee booda ho'a guddaan gogsi.

SIRRII MITI:

- Maaskii osoo hin miicin irra deebi'amee itti fayyadamuun.
- Mormatti ykn gurra tokkotti fannifachuu.
- Akkuma ofi irraa baafteen harka keen fuula kee xuquu.
- Maaskii mana yaalaa ykn N95 kaawwachuu ykn bituu.

YEROO MARA YAADADHU

Maaskii kaawwachuun vayiresii si irraa hinittisu. Kanaaf maaskii yoo uffattes yoo dhiiftes amma illee waan armaan gadii raawwachuu qabda:

- ✓ Meetira lama wal irraa fagaachuu.
- ✓ Yeroo qufaatu fi yeroo haxxiffattu aguuggachuu.
- ✓ Harka kee sekondii 20f daddabaltee dhiqachuu.
- ✓ Harka keetiin fuula kee keessattu ija, funyaannii fi afaan kee hin tuqin.
- ✓ Waan irra keessa 'Surface' qabu yeroo cufa qulqulleessi.